
Barruu walaabuu
BARRUU WALAABUU
Jildii 4ffaa
"Yaa baraa!"
"Yeroo jalqabaaf Fakkii Hacaaluun kaase"
"Seenaa barreessaa Oromoo Obboo Gaaddisaa Birruu"
"Nama qammachiisuu qofaaf hin dhama'iin"
"Gabaa salphinatti wayyaa ofirraa soqolan"
Sammuu bilisa; yaada walaba!
Adoolessa 2013
Graphis Dachaasaa Guddataa

“Yeroo jalqabaaf Fakkii Hacaaluun kaase”

Fuula 1

“Yaa baraa!”

Fuula 4

“Seenaa barreessaa Oromoo Obboo Gaaddisaa Birruu”

Fuula 7

“Nama gammachiisuu qofaaf hin dhama’iin”

Fula 10

“Gabaa salphinaatti wayyaa ofirraa soqolan”

Fuula 13

BARRUU WALAABUU

Guyyoota digdamaan kan dhiyaatu!

Qopheessaan

Bilisummaa Shibbiruu

Bilbila

0920237293

0929428759

Email

Abbaaaraarsaa@gmail.com

Teessoo

Burayyuu; Oromiyaa

Telegram

https://t.me/barruuwalaabu/33

Hirmaattonni

Kadir Ahimad

Ballinaa Waaqjiraa

Abdiisaa Ejjetaa

Caalaa Warquu

Suuraa Golgaa

Dachaasaa Guddataa

Dhaamsa Barruu Walaabuu

Barruun walaabuu eerga dhiyaachuu eegalee jildii 4ffaa irra gahee jira. Akkasumallee keessummootaaf barreessitoota oromoo jajjaboo qabatee dhiyaachaa jira; fuuldurattis haaluma kanaan akka itti fufu abdii qabna!

Dubbistoonni hedduun barruu kana dubbistanii yaadaaf qeeqa keessan kanneen nuuf laachaa jirtan hedduu galatoomaa!

Akkasumallee gaaffiif yaada dubbistootaa keessaa barruun kun bifa waraqaa (hard copy) dhaan akka bahu warren nu gaafattaniif rakkoo baajataa irraa akka ta'e gamanumaan isin hubachiifna!

HUB.

Barruun walaabuu yaadaaf ilaalcha gartuu tokkoo irratti hin xiyyeefatu; namni kamuu bilisaan yaada isaa dhiyeeffachuu ni danda'a!



“Yeroo jalqabaaf Fakkii Hacaaluun kaase”

Kadir Ahimad Huseen

Ogeessa Fakkii

Dargaggeessa jabaa ogummaa fakkii kaasuu qabu toora face book irraa fakkii namoota inni kaase kan argaa oollu barataa yunivarsiitii odaa Bulluq Gosa saayinsii kompiitaraa kan ta’e, kadir Ahimed Hassen (Kadir ka kush) faana Af-gaaffii gabaabaa dhiyeessinee jirra; itti dhiyaadhaa!

Ani Maqaan koo Kan Warri koo Naaf Moggaasan Kadiir Ahmad Hassen naan jedhan Hiriyoonni koo harki caalu kuush jedhanii na waamu. kanan dhaladhe Abbaa Koo Ahmad Hassan fi Harmee koo tan Hindii Ahamad jedhamtu irraa Oromiyaa Harargee Lixaa aanaa gammachiisitti Bara 1992 Dhaladhe. Barnoota kiyya sadarkaa jalqabaa kaasee hanga qophaa’inaatti aachumattan baradhee xummure. Hammaan kana yuunivarsiitii odaa bulluqitti muummee barnoota saayinsii kompiitaraatiin barataa waggaa tokkoffaati.

Gara ogummaa fakkii kaasuutti kan galte haala kamiinidha?

Ani Jalqabuma Gaafan Mana Barumsa sadarkaa jalqabaa *(Elementary)* baradhu Suuraa kaasuu hedduun jaaladha; yaalii baay'ees godhaaan ture suuraan ani kaasu garuu, nama fakkeessuu miti suuraadhuma gosa gosaa (addaa addaa) nan kaasa ture; uumamaan xinnoo tokkoo dandeettii nan qaba ture; yeroon mana barumsaa sadarkaa jalqabaa irraa gara mana barumsaa sadarkaa lammaffaatti darbu ogummaan koos, naaf fooyyaa'aa dhufe. yeroo suuraan kaafamuu qabu barsiisoota irraa gareedhaan nuuf kennamu yeroo hedduu anaatu kaasa ture ta'uus baay'inaan miti kanan hojii kana irratti hirmaadhu.

Gara suuraa harkaan kaafamuu kan nama fakkeessuu kanatti kanan seene guyyaa tokkootu jira kan naaf yoomuu hin dagatamne inniis Gootni keenya Haceen wareegamee ji'a 1 fi walakkaatii galgala tokko social media kanarratti ijoollee suuraa kaasaan baayinaan hordofaa ture suuraa isaan kaasaniis naan ajaa’ibsifadha ture.

Galagala kana face Book gubbaattii suuraa ijoolleen kaaftee ilaalee rafuuf yeroon gadi ciisu yaadni kun natti dhufe ani hoo yoon waan kana godhe hangam naaf miidhaguu danda'a? Yaaliin waan hundaafuu bu'uura waan ta'eef aniis yaaluun qaba jedheetuu ergan ifaa dhaamsadhee ciisee booda lafaa ol ka'ee duuraa tokko kaasuuf yaale inniis suuraa goota keenya hacaaluu hundeessaati suurichiis jalqabbiif homaa hin jedhu bareedaadha suuraaniin kaase

kun gara fuulduraatitti akkan fooyya'u danda'u natti mul'ise. suuraa kana kaasee xummureen rafe. ganama yeroon dammaqu suuraa kana camera bilbila kootiin kaasee suuricha face Book gubbaatti "mee ilaalaa yaada kennaa yaalii koo kan jalqabaati" jedhee post godhe ijoolleen baay'eeniis na jajjabeessan waan xiqqoo na keessa jiru kana naaf ajaa'ibsiifatanii akkan fooyyeessuu danda'uus natti himanii akkan itti yaadee hojjadhu naaf dhaaman. aniis ergasii yaalii baay'ee gochuu jalqabe , fooyyeessuus danda'eera.



Fakkii Hacaaluu Kanan yeroo Jalqabaaf Harkaan Kaase

Itti yaaddee ogummaa fakkii kaasuu kaana eegaltemoo duruma kennaa isaa qabda?

An suuraa kaasuu itti yaadeetii miti kanan jalqabe jechuun koo fedhuma na keessa jiruutu waan kana akkan Hojjadhu na godhe daa'imummaa kootiinan suuraa kaasuu nan jaalladha ture kanuma suuraa kaasuu ittti yaadeetii miti kanan jalqabe.

Fakkii tokko yeroo kaastu rakkoolee akkamiitu si mudata?

Rakkoon yeroon fakkii kaasu na mudatan ni jiru; fakkeenyaaf Suuraa kaasuuf jedhu kan naaf hin mijjanne ykn kan naaf miidhaguu didu ni jira. dabalataan iddoonii fi meeshaa ga'aa waanan hin qabneef nan hifadha. xiqqoo yeroon hojjadhe dhiisee bira deemuu tokkotu na qunnama kuniis haalli mijataan jiraachuu dhaburraa kan ka'eedha. dabalataan Suuraa kaasuun akka Hojiitti ilaalamuu dhabuun Hawaasan keessa jiraadhu keessatti argamuus

Fakkii kaasuudhaaf yeroo hammamii sitti fudhata?

Fakkiin kaasu yeroon inni natti fudhatu suuraadhuma irratti hunda'aa. suuraan kaasuuf yeroo sitti fudhatuus jira kan yeroo gabaaba keessatti hojjattee xummurtus jira. haa ta'uu anaaf suuraa tokko guyyaa tokkotti kanan xumuruus jira garuu suuraa tokko sirritti bareechee bocuuf yoo xiqqaate guyyaa lama sadi natti ni fudhata.

Fakkii nama tokkoo suura ilaaltee yoo kaastuufi namuma sana ilaaltee yeroo kaastu keessaa isa kamtu caalatti siif salphata? Maaliif?

Nama san ilaalee kaasuu caalaa suuraa nama sanii ilaalee kaasuutu naaf salphata; maaliif jennaan an akka nama amma yeroo gabaaba keessa aartii kana jalqabeetti ...suuraan namaa najalaa hin socho'u; yeroon nama ilaalee kaasu immoo xiqqoo najalaa hanqina qabaachuu danda'a. baay'inaaniis namaoota ilaalee kaasuu yaalee hin beeku namootni hojii koo kana beekan baay'een isaanii online wal beekna

waan ta’eef suuraa isaanii natti erganii waanan kaasuuf carraa nama ilaalee kaasuu san baay’inaan hin arganne. akka walii galaatitti ammaaf suuraa ilaalee yoon kaase irra naaf miijjata, naaf miidhagaas.

Fakkii wayii yeroo kaastu jalqabuma waraqaa irratti eegalte sanarratti xummurtamoo yaalii hedduu si gafata akkamiin immoo xummurachuu dandeessaa?

Gara jalqabaa suuraa tokkoof waraqa baay'ee baalleesseetan boodarra naaf fakkaata ture; amma immoo qubeessaadhaan qal'isee fakkeessuu ergan yaalee booda yeroo nama sana naaf fakkaachuu isaa hubadhee booda irra deebisee miidhagasa. amma waraqaa tokkorratti fakkkii tokko jalqabee bocee xumuruu danda'eera!

Suura yookaan fakkii kaasuudhaaf wantoota akkamiif bakka akkamii filatta?

Hangas marallee ta’uu baatu suuraa kaasuuf iddoon naaf mijatu bakka sagaleen nama jeequ yookaan wacni hin jirre bakka ifno sirritti itti naaf ifu fi yeroon boqonnaa qabu yeroo sammuun koo bilisa (free) ta’ee jirutti hojjachuun filadha

Gara fuulduratti gama ogummaa fakkii kaasuu kanaan maal yaadaa jirta?

Egaa Ogummaan jijjiirama guyyaatitti waan dabalamaa deemuudha. Aartiin keenya immoo, gara hundaanuu duuba jira xiqqoo fooyyawaa jira malee ammallee hedduu nuuf hafa. Aartiin ibsituu fi waa mara saba tokkooti akka walii galaatitti namoonni keenya kan dandeeettii aartii gosa kamuu qaban Ol baasanii saba saaniitiif gumaachuun dirqama isaanii akka ba'atanii fi haa xinnaatuus kan hojii hojjataa jiran cinaa dhaabbachuun wal jajjabeessuun akka walcinaa Dhaabbannuun jedha.

Dhumarratti gama ogummaakee kanaan dhaamsikeef waanti ati hawaasa kana irraa akka gargaarsaatti barbaaddu maali?

Kuush Aartiin Amma lafaa ol dhufaa jira; ogummaa isaas fooyyeessaa jira kara kootiin waanan gochuuf humni koo danda'e kamuu aarsaa godheen aartii kana jabeessaa jira. dhaamsaaf immoo waan humna kootii olii fakkeenyaaf meeshaa aartii kanaaf barbaachisu baay'een isaa biyyoota gurguddoo malee hin argamu namoonni danda'an gama meeshaa kanaan yoo na gargaaran firii bareedaan akkan dhihaadhu abdiin qaba. kun kadhaa miti kana waliif gochuun qaruuxummaadha jedheen yaada waan ta'eef. Galatoomaa!



“Yaa baraa!”

Ballinaa waaqjiraa

waloo

YAA BARAA

Barrimoo...

"Safuu baraa

Ya quubara

Yaa jaarsa udduu qaraa!"

Jedhe jaarsi Leeqaa

Hayyuun Maccaa beekan qoroo

Bara barri dhugaa dhiittuu

Bara Gadaan seene boroo

Barri kunii...

Akka utubaatti of dhaabdee

Kaabboo jireenyaa dirattii

Wal qixxummaan maqaan toluu

Golaaf goorrooshee birattii

Ishee biratti...

Gaaffii guyyaa tokkichaatu

Guyyaaf waggaarra dheerattii

Barris waggaa waggaan deebdee

Farda collee irra kaattii

Waggaan kunis qanyiitiidhaa

Diddee namarra marmaarti

Yoo jaalatte sitti guurtee

Jibbitu sirraa hammaarti

Bara tokko yoo siif tolte

Bara dhuftu sirraa maqxi

Feetu deegaan si boossistee

Deebiteemmoo sirraa haqxi

Gaafa dhuftee kankee taatuu

Ol si baasti samii dirraa

Gaafa diddee achi gortuu

Huutee dhorti simboo sirraa

Gaafa barri harkakee seentuu

Ni bashaata hunda caaltee

Mukaaf baalatu sitti goraa

Yuuyyee rakkinaa wallaaltee

Gaafa barri siif hammaartu

Simboof surraa, bantuuf cufaa
Hunduu jabaa si godhatee
Dhufee miillatti siif kufaa

Barri kun siif tolte taanan
Jiruu kankee fakkeessiti
Deemsa deemte dhuma hin qabneef
Ittumaa ol si fagessiitii

Silaa...
Osoo waggaa kuma turees
Urjiinoo jiidha hin gogsu
Osoo beekaa akkamii ta'ees
Ilmoo abbaasaa hin gorsu

Garuu gaafa sitti maqxuu
Barri xurreeshee yaabbattee
Hundumtuu harkakoo jiraan
Hin dubbattu ilaallattee

Sammuun kankee sin abboomuu
Afaan kankee dhabee luuga
Barri takka sirka gallaan
Hin ilaaltu sobaaf dhugaa

Eyyeen barri madaqoodhaa
Bultee hin bultu si biraa
Har'a gaarii dhamdhamtullee
Bor gadduuf watwaachuut jiraa

Kanaaf jedhee jaarsi biyyaa
Beekan lammii hayyuun leeqaa
Barri kun marsaa gundootii
Jedhee mammaakeetu qeeqaa

"Gad jedhanii jala darbuu
Taltallee baraaf murxuxxee
Obsa jabaa si gaafata"
Jedhanii obsa mammakuu
Warri baraaf bultiin quuqxee

Gaafa barri kankee taatuu
Atiyyuu beekaadha gootaa
Gaafa barri si diddummoo
Ati mucaadha harma hoota

Egaa barri yoo siif tolte
Qabdee siif banti balbala
Diddee gaafa si diddummoo
Guyyaakee gooti galgala

Bar dhuguma qanyiitiidha
Diddee namarra marmaatii
Yoo jaallatte sitti guurtee
Jibbitu sirraa hammaarti

Diddee gaafa si jibbituu
Ammoo taatee diinotakee

Boquu kankee si cabsitii
Hammeessiteetu bultookee

Kakuu galtee abdachiistee
Si ganti akka qanyiitiii
Osoo dhufta ishee eegduu
Muka qaaniitti si hiiti

Kakuunshee...
Waanta hundeef hidda qabuudha
Akka ijaarsa kattaarraa
Hojiinshee...
Lafa onaatti si dhiistii
Si ciibsitee cirracharraa

Akka jecha afaansheetiif
Kan laagaasheerraa bubbisuu
Ati qabeessa ati hayyuudhaa
Homtuu qotee buqqisuu

Akkas jettee kakuu galtee
Irbuu nyaatti kakuu oodaa
Afaan ishee dhugaa hin beektu
Kaayyoof karoorakee qoodaa...
"Kan roobeyyuu inuma caama
Aduun dhiites ni darbamaa
Qabeenyis fixuu bariiti
Kan dhibames ni argamaa !"
Jettee abdii sitti hortee

Yaadaan samii si geessitii
Barri silaa qanyiitiidha
Hin turtummoo si dheessiti

Achi buuteedhaan dhabamti
Diddee sobdee akka kameessa
Amallishee gaararraadha
Gaararraa ishee bosona keessaa
Osoon argee bara kanaa
Silaa haaloon itti baafadhaa
Akkas jedhee gadi diigeen
Gaaffii garaako gaafadha
"IHIM AJAB ...ILAAMEE
Baayyeetu si eegaa
Meeqat ilaala karaa
Anis gaaffiin qaba
Kan na nyaatu garaa
Yoo ofit si qaban
Bobaa jalaan lufta
Balbalaan si ergan
Ati boroon dhufta
Hunduu gaaffii qaba
Ati deebii didda
Bor maalin si eegnu
Yaa baraa maal fiddaa?"
Jedhee maqaa waamee
Ifatti gaafadha
Yoosan aarii dhiisa
Gadda obbaafadha....



"Seenaa barreessaa Oromoo Obboo Gaaddisaa Birruu"

Og-barruu oromoo keessatti namoonni jalqaba qabsoo aartii gama og-barruun taasisan hedduu isaanii kaasuu dandeenya; isaan kana keessaa nama jabaa oromoon bara kana keessa dhabde barreessaa gameessaaf buleessa Obboo Gaaddisaa Birruu nama yoomuu hin dagatamnedha. Obboo Gaaddisaan dhukkubii isaan irra ture irraa kan ka'e baatii kana keessa addunyaa kana irraa boqotani; kunimmoo maatii og-barruuf akkasumallee uummata oromoof gadda guddadha! Seenaa nama aartii oromoo gama og-barruun jiruu keessatti gahee guddaa bahatan kanaa mee akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Kan qopheessee Bilisummaa Shibbiruuti

Seenaa Gabaabaa Obbo Gaaddisaa Birruu

(1957-2021 ALA ykn 1950- 2013 A.L.H) Obboo Gaaddisaa Birruu Onkoloolessa 06, bara 1950 (ALH) YKN 17/10/1957 ALA Abbaa isaanii obbo Birruu Waaqaa fi Harmee isaanii Aadde Bajigee Gonfaa irra godina Arsii, Aanaa Leemmoofi Bilbilootti dhalatanii Guddatani. Akkuma ijoollee baadiyyaa kaaniitti hanga umuriin isaanii barnootaaf gahutti loon bobbaasanii galchuu, hojii qonnaafi hojiilee biroo maatiin ajajan hojjechuudhaan dabarsani.

Yeroo umuriin isaanii barnootaaf dhaqqabuttis barnoota isaanii sadarkaa 1ffaa mana barumsaa Boqqojjiitti erga baratanii boodaa, barnootaa isaanii sadarkaa 2^{ffaa} mana barnootaa kan duraan Raas Dargee jedhamu kan hamma mana barnootaa Asallaa jedhamutti baratani.

Abbaan isaanii Obbo Birruu Waaqaa gaafa mucaan isaanii ganna shanii addunyaa kana irra lubbuudhaan waan boqotaniif ilmi isaanii gargaarsa abbaa malee ,gargaarsaaf dadhabbii haadha isaatiin guddate. Abbaa dhabuun rakkoof hirkattummaaf waan nama saaxiltuuf Obboo Gaaddisaa Birruu barnoota isaanii sadarkaa lammaaffaa (high school) magaalaa Asallaa mana namaatti galanii humna isaaniin nama sana tajaajilaa barnoota isaaniis baratani. Akkuma barnoota isaanii sadarkaa lammaffaa xummuraniin gara kutaa 11ffaa tti darbani; haa ta'uyyuu malee, namni isaan gargaaru hin turre. Sababa kanaan Haati isaanii Aaddee Bajigee Gonfaa ilma isaanii kana akka ittiin baratuuf qotiyyoo tokko kennaniifi Obboo Gaaddisaanis qotiyyoo kana gabaa baasanii qarshii 50tti gurguratani. Qarshii isaan qotiyyoo kana irraa argatanis wantoota baratn tokko

nyaatee baratu waan muraasa, uffannaa affatamufi kanfaltii kiraa manaa kan baatii lamaan qofa dandeessee qarshiin shantamni dhumte.

“Bara nama qabe bishaan muka namatti yaaba” akkuma jedhamu abbaa isaanii du’aan dhabuu hanga gargaarsa barnootaa dhabuutti haalli kan itti hammaatte Obboo Gaaddisaa Biirruu barnota qophaa’inaa barachuu dhiisani. Sanuma irraa ka’anii “yoo tole harkaan yoo gube baalaan” akkuma jedhamu obboo Gaaddisaan dorgommii koollejjiin barsiisotaa baase galma’anii dorgommii dhiyaates waan darbaniif koolleejji barsiisotaa galani.

Akkuma koollejjii barsiisotaa galaniin, waggaa tokkoffaa dhaabbata Leenjii barsiisummaa Asmaraatti; waggaa lammaffaa dhaabbata leenjii barsiisummaa Jimmaatti barnoota diploomaa baratanii xummurani. Akkuma dhaabbata leenjii barsiisummaa sanaa bahaniin hojii barsiisumaan ramaddii argatanii bakkuma dhaloota isaanii godina arsiitti hojii barsiisummaatiin manneen barnootaa kanneen akka Mana barumsaa Boolloo, Haayilee Abbaa Marsaafi Boqojjii waggoota ja’aa oliif eerga barsiisanii boodaa fedha barnootaa haalan waan qabaniif digirii barachuudhaaf yuunivarsiitii finfinnee seenani. Barnoota isaanii digiriis Afaan Ingiliffaafi og-barruutiin baratanii xummurani.

Akkuma barnoota isaanii digirii xummuraniin akkaadaamii afanota itophiyaa keessatti ramadamuudhaan waggoota sagaliif hojjetani. Sana booda digirii lammaffaa isaanii og-barruudhaan yunivarsiitii finfinneetii fudhatani. Akkasumallee erga digirii lammataa isaanii fudhatanii booda dhaabbata American School for International studies jedhamu irraa gosa barnootaa wal dhabbii furuu (conflict resolution) jedhamuun dippiloomaa fudhatani

Obboo Gaaddisaa Birruu ogummaa barsiisummaan alattillee waajiralee addaa addaa (mootummaaf miti mootummaa) keessas tajaajilaniiru waajiraalee isaan keessaa hojjetan muraasa kanneen akka Waajjira Gargaarsa Oromiyaa keessa waggoota sadiif akkasumas dhaabbilee miti-mootummaa garaagaraa (NGO) keessas waggoota hedduu tajaajilani. waliigalatti gara waggaa 18 waajiraalee garaa garaa keessa hojjetani.

Obboo Gaaddisaa Birruu nama ogummaa garaa garaatiin dandeettii ajaa’ibaa qabuufi gama og-barruutiin illee nama shoora olaanaa taphatedha; ogummaa isaanii akkuma armaan olitti kaasne barsiisummaa fi waajiraalee mootummaaf miti mootummaa keessa waggota hedduu hojjetaniiru; akkasuma immoo gama og-barruu oromooniis gahee guddaaf dirqama oromummaa isaanii hanga isaan irraa eegaluu olitti bahataniiru. Gama og-barruun hojiilee Obboo Gaaddisaa Birruu yoo ilaalle, kitaabolee Asoosamaaf kanneen biro dhuunfaa isaaniifi barreessitoota kanneen biro faana hedduminaan gumaachaniiru. Isaanis kanneen armaan Gadiiti.

Asoosama Kuusaa Gadoo jedhamu bara 1983/1991
Galmee jechoota Afaan Oromoo namoota kaan waliin bara 1983/1991
Barruulee birmata jedhamu bara 1985/1993
Kitaaba afaan Ingiliffaa ‘peace and reconciliation’ jedhamu Afaan Oromoofi Amaaraatti jijjiiruu bara 1993/2001

Asoosama Dhaamsa Abbaa jedhu bara 1994/2002
Fedhii gam-tokkee fi og-barruu gaggabaaboo biroo 2001/2009
Namummaafi og-barruu gaggabaaboo barreessitoota biroo waliin (WBO) tiinkan maxxanfame bara 2004/2012
Asoosama 'burreen bifa tokkoo miti' jedhu bara 2007/2015 hojjetanii jiru.

Keessumaa gama Og-barruutiin Obboo Gaaddisaa Birruu Waldaa barreessitoota Oromoo hundeessuu keessatti nama adda duree turanidha. Pireezdaantii waldaa barreessitoota oromoo (WBO) Ta'uudhaanillee waggota Afuriif tajaajilaniiru. Akkasumallee godina addaa naannawwaa finfinneetti kan argamu mana barumsaa Lalisee Talent Jedhamu hundeessuun hawaasni naannoo sana jiratu ijoolleen isaa akka barumsa gaariif qulqullina qabu barattu carraa gaarii uumaniiru. Kana cinaatti immoo namoonni ogummaa barsiisummaa dabalatee mana barumsaaf barbaachisan hedduuf illee carraa hojii uumaniiru.

Barreessaa Gaaddisaa Birruu ciminaaf tattaaffii isaanii irraa kan ka'e dhaabbilee garaa garaa hedduu irraa badhaasota gurguddoo fudhachuu danda'aniiru; badhaasota isaan fudhatan keessaa muraasa yoo kaasnu, bara 1995/2003 biyya Ameerikaatti dorgommii taasifame irratti hirmaachuudhaan og-barruu "waxala qaccee Gaabbii" jedhamu dhiyeessudhaan, badhaasa maallaqaaf akkasumalle maxxansa og-barruu sanaa fudhataniiru.

Akkasumas bara 1996/2004 biyya Ameerikaatti dorgommii dhiyaate irratti "Fedhii Gam-Tokkee" dhiyeessuudhaan sadarkaa sadaffaa bahanii badhaasa maallaqaa fudhatani.

Obboo Gaaddisaa Birruu abbaa maatii yoo ta'an ijoollee dhiira lamaaf dubara lama qabu. Obboo Gaaddisaan nama amala gaarii qabiif og-barruu oromoo keessatti gahee olaanaa nama bahatanidha akkasumallee dhaloota og-barruu hedduullee gumaachanii jiru; waldaan barreessitoota oromoo isaan hundeessan hanga har'aatti lafa qabatee sadarkaa gaarii irra gahee jira. Kitaabni obboo gaaddisaa Biirru fudhatama gaarii argachuu irraa kanka'e dubbistoonniif maatiin og-barruu hedduun manneen kitaabaa irra deemanii iyyafachaa oolu jabinaf dhama qabaachuu kitaabolee obboo Gaaddisaaf warren kitaaba isaanii dubbisantu ragaadha!

Egaa "gaariin du'a hin oolu" akkuma jedhamu obboo Gaaddisaan dhukkuba istookii jedhamuun qabamanii waggota lamaaf wal'aanamaa osoo jiranii, gaafa guyyaa 20/07/2021 ALA (13/10/2013) tti addunyaa kana irraa lubbuudhaan godaanani. Obboo Gaaddisaan ijoollee isaanii haadha manaa isaanii waliin horan irraan kan hafe kitaabilee hedduu uummata kanaaf gumaachani boqotani akkasumallee, siidaa tasumaa hin jigne ofiifis dhaabbatanii dhalootattis dabarsanii boqotani.

Obboo Gaddisaa Birruu Adoolessa 14/10/2013 Bakka Jaallattonnii og-barruuf maatiiwwan isaa jiranitti magaalaa guddittii oromiyaa Finfinnee bataskaana yoosefitti sirni awwaalcha isaanii gaggeeffame.

Jaannatni isaanii daadhii Haadhugu!

Maatii isaaniif jajjabina hawwina!



“Nama gammachiisuu qofaaf hin dhama’iin”

Abdiisaa Ejjetaa

Barreessaa

NAMA GAMMACHIISUU QOFAAF HIN DHAMA’IIN!

Namumti daandii milkaa'inaatti geessu tokko eeruun isa rakkisu iyyuu, karaa gara badisaatti geessu keessaa tokko nama biraa gammachiisuuf dhama'uun isa ijoo ta'uusaa hin wallaalu. Nama gammachiisuuf qofa dhama'uun daandii kufinsatti nama geessudha. Gochaan akkasii, waan gochuun nama irraa eegamuuf osoo hin taane, yaada namaan oofamuuf nama saaxila. Kunimmoo, xiyyeeffannaa kaayyoo manaa bahaniifii irraa gara namni maal naan jedhaatti dabsa. Karaa ofii irraa karaa namaa biraa nama filachiisa. Gochaan akkanaas, addunyaa sammuu ofii keessaatti dugda nama gachisiisa. Waan mil'atan osoo hin taane, shokoksaa faana namootaa hordofuutti nama affeera.

Haala akkanaa keessatti, ijji namaa gara nama biraa ilaalti. "Namichi guddaan sun, namoonni baay'een na marsanii jiran, hiriyyoonni na jaalatan yoon waan kana rawwadhe natti gaddu; kanaafuu hammam haafayyadu, hammanis dhugaa haata'uutii natti haahafu." Kuniifii kan kana fakkaatan dubbii nama isa nama gammachiisuuf dhama’uuti.

Nama gammachiisuuf dhama'uun yeroo baay'ee dharraa fudhatama argachuuti! Yeroo baay'ee gochaan nama gammachiisuu qofaaf dhama'uu kun, fudhatama barbaachaafi. Garuu maddi fudhatamaafi beekamtii kana miti. Karaa hin malleen fudhatama aragachuuf jecha ittuu fudhatama dhabuutu jira!

Nama dhugaa ta'anii argamuuf soba akka dhugaatti dubbachuu, fudhatama argachuuf jecha waan hin jirreefi hin fakkaanne walitti qabanii odeessuufi mul'isuu,...fi kanneen akkanaa, jireenya keenya guyyuu keessatti yeroo hedduu nu mudatu. Dhugaasaa yoo ilaalle garuu, gochaaleen akkanaa fudhatama dabaluu mitii fudhatamuma dura jiruyyuu namaaf hin tursani. Guddaa fakkaachuuf jecha xiqqaachuu, ulfina argachuuf jecha salphachuu.,....beekamuuf dhama'uuf jecha wallaalummaa ofii lallabuutti nama geessa. Eeyyeen, fudhatama argachuutti ittuu fudhatama dhabuutti nama kennee darba. Kanarra darbees, ceephoo keessa nama galcha. Yeroo waan namarraa hin eegamne akkanaaa raawwannu, waan nurraa hin eegamne akka jechaafi gochaa jirru sammuun keenya nibeeka. Nuttis hima. Irra dabarree yoo deemne, boodarra ceephootu nurra dambali'a. Kanaaf falli, fakkeessuurraa of eeguu shaakaluudha.

Gammachuu sobanii argatanirra haqa waliin gadduun akka wayyu beekuutu nama baasa.

Mee of haagaafannu! Atis of gaaffu! Guyyaa meeqa, nama gammachiisuuf jettee waan siirraa hin eegamne irratti hirmaattee beekta? Guyyaa meeqas bakka sirraa hin eegamne, hiriyyoota, aanteefi....kee gammachiisuuf jettee ooltee beekta? Abaluu natti haagammadu jettee waan sirraa hin eegamne dubbattee beektaa? Tokko kofalchiisuuf jettee tokko boossistee yookaan of gaddisiistee hin beektuu? Yeroo meeqa? Hamma fedheyyuu haata'uutii, isa darbe osoo hin taane kan ammaafi fuulduraa irratti xiyyeeffadhu. Nama gammachiisuuf dhama'uun eessanuu sin gahu.

Nama gammachiisuuf dhama'uun ceephoo sammuutti nama laata!

Nama gammachiisuuf nama biraa fakkaattullee, qeeqa sammuukee jalaa hin baatu. Nama gammachiisuuf yeroo waan sirraa hin eegamne hojjettee argamtu, keessikee immoo sitti gadda. Kan akkasii hirama namummaaf si saaxila. 'Sammuunkoo maal naan jedhaa?' sirraa mulqee 'namni maal naan jedhaa?' si keessa bulcha. Kun taanaan, garaagarummaan waan ta'uu feetuufi taatee argamtuu jidduu daraan dabala. Egeree fuulduraa dirree sammuukee keessatti mul'attu gara dhugaatti jijjiiruuf gufuu hin buqaane sitti ta'a. Kan baay'ee abjootee xiqqoo harkaan qabatu yookan abjuu isaa waliin jiraatu taata. Kanaafuu, nama gammachiisuuf osoo hin taane, dhugaan yookaan ajaja sammuukeen hojjedhu.

Nama gammachiisuuf dhama'uun summii kaayyoo dhugaati!

Karaan gara kaayyoo manaa baateefiitti si geessu karaa baay'oliin irratti harka sii reeban ta'uu dhiisuu mala. Gochaas ta'e dubbiin waa'ee sii baasu isa hedduun ilkaaniin siif mirkaneessuu osoo hin taane, tokkoof tokko isa kankee sanadha. Isuma kan kee!

Karaan gara galmakeetti si geessu osoo jiruu, garee biraa yookan qaama hin ilaallanne gammachiisuuf dhama'uun yakka of irratti raawwachuudha. Kun immoo summii galma ofii ta'uu qofaa osoo taane, summii namummaati. Summii namummaa! Summii keessaafi ala namaa lama godhu. Summii hamma gahan nama hanqisee karaa walakkaatti nama dhaabu.

Summii of ta'uu nama jalaa ajjeesee nama birummaa namatti uwwisu. Balaan kanaan dhufu daangaa hin qabu. Nama dhuunfaa irraa hanga gareetti, maatiirraa kaasee hanga hawaasa bal'aafi biyyaatti miidhuu nidanda'a. Miidhaa kanas hedduun keenya kan argaa jirrudha. Jaalallee hedduutu wal gammachiisuuf jecha waan hin qabne akka qabuutti, waan hin dandeenye akka danda'uutti walitti dhiyeessa. Mana namaa akka mana maatiifi mana dhuunfaatti quba itti qabaa ittiin wal gammachiisuuf dhama'uun idddo hedduutti ni argama.

Kun wal gowwomsuuf dhimma bahamus, ijoon gochaa kanaa dhamaatii wal gammmachiisuu keessaati. Kana gochuun balaan isaa kan kana godhuuf hin galle malee, dursa isuma miidha. Har'a kan haala akkanaan jaalatamu karaa sirriin osoo hin taane, manaafi konkolaataaf jedhametu jaalatame. Gaafa kun dhibuun isaa beekame immoo, wal wallaaluutu jira. Qaamni har'a waliif du'uuf kan duubatti hin deebine fakkaatu, bor gaafa sobnifi dhugaan walirraa qoodaman, ibiddaafi cidii walitti ta'uutu jira. Fakkeenyi ifaan

kun miidhaa nama gammachiisuun hiriiroo irratti qabu ibsuurra darbee, waan fedhan ifaajaan argachuurra irra dibanii darbuuf amaleeffannaa inni nama keessa bulchu hubachuun nama hin rakkisu.

Nama dhuunfaa yookaan garee tokko biratti qofaa miti, bakkaafi nama hedduu bira jira dhaamaatiin akkanaa. Keessattu nama ofirra ilaaluun akka addaan mul'ata. Dirree siyaasa osoo fudhannee, nama baay'eetu hawaasa isaa bakka bu'ee paarlaamaa keessaa taa'ee nama qeenxee yookaan garee muraasa garaa ciibsuuf afaan qabatee taa'a. Waan uummanni irraa eegu yookaan gaaffii isatti ergamee jiru dubbachuu dhiisee, harka maratee taa'a. Yoo dubbate, yoo aantee saba isaa agarsiise, jaalatamummaa duraa dhabuu danda'a. Kanarra darbee jibbamuuyyuu mala ta'a. Sodaa kanaaf, callisuu filata. Waan argaa jiru, addunyaa sammuu isaa keessaa gadi baasuuf hin dhama'u. Waan ofii mul'achuu qabatti hurri uffisee ija namaan mil'achuuf hiixachuu filachuutti geessa. Ati nama kaayyooti. Deemsi gara galmakeetti qajeeltee gurrakee huursa biraaf hin ergisiin. Nama gammachiisuuf waan gochuu qabdu hin dhiisiin. Waan gochuu hin qabnes nama biraa ilaaltee hin godhiin.

Nama gammachiisuuf dhama'uu dhiisuufi nama gaddisiisuun walii adda!

Nama gaddisiisuufi nama gammachiisuuf dhama'uu dhiisuu garaagarummaa isaa haalaan hubadhu. Yoos irraa bilisoomta. Nama gammachiisuuf dhama'uu dhiisuun, nama gaddisiisuu miti. Nama gammachiisuuf dhama'uunis nama gammachiisuu miti. Hundumtuu akka qaba!

Walitti haa qabnu! Gara biraa ilaaluun gufannaaf nama affeera; karaa kufinsaatti nama geessa. Galma irraa nama hankaaksa. Hubattee jirtaa? Akka nama gammachiisuun gufuu galmaafi kaayyoo dhala namaa ta'e, akka gara badisaattis nama affeeru hubachuu qabda. Kana hubannaan, gufuukee tokko ibiddaaf goote. Kun siif ifnaan, egereen dirree sammuukee keessaa, kan ati gara addunyaa lafaatti fiduuf manaa baate salphaatti lafa sii qabata. Mil'uunkee salphaatti mul'inatti siif dhufa. Yeroo kana garaagarummaa guddaa argita. Gammachuunkees fiixaan baha. Namoonni quba sitti qabaa turanis, icciitaafi oduu galma ga'insakee haasahuuf dabaree wal saamu. Argitee? Garaagarummaa jiru. Of taatee deemuun, nama gammachiisuuf dhama'uu dhiisuun hangana gaarummaan isaa. Kanaafuu of ta'i. Nama gammachiisuuf osoo dhamaatuu addunyaa sammuukeetti akka dugda hin ganneef of eegi.



“Gabaa salphinatti wayyaa ofirraa soqolan”

Caalaa Warquu

Waloof Barreessaa

Namni gabaa kanatti daldalatu baay’een isaa amala aadde Bajigee qaba. Seenaa Bajigee yoon kaase dubbatamee kan dhumu miti, muraasan dubbadhee dhiisa. Bajigeen ajandaa barbaachaaf manneen ganda keenyaa kan isheen hin seenne hin jiru. Dubbii gurraan na xuqaa jetti dhugummaa isaa mirkaneessuun dhimma ishii miti, maal qabadheen baha, maal odeessaan oola jettee yaaddoofti. Yoo ajandaa dhabde arraba nyaachaa deemti, ajandaa argannaan amma ganda waliin geessuutti hin dhiistu, waayillan ishiis baaqqee butatanii ganda keenya miila takkaan dhaabaa oolu, kan oduu ishii gurra itti hin laanne muraasa. Gabaan tunis akkuma gabaa Bijigee hoo’iiti.

Maatiin keenya sababa gabaa kanaatiin lola tokko malee waliin oodee jaarsi waliitti nu deebisu dhabame. Otoo gabaan kun hin dhaabbatiin dura mana keenya keessa jaalalatuu dhangala’a, haasa’aaf dabaree eeguutti halkan waarisiisna. Maatiin keenya mana jaalalaan ijaarame ture. Galgala galgala hiibboo walgaafachaa, aadaa fi seenaa durii maatii keenyarraa barachaa guddanne. Dubbii wal harkaa butaa haasofna yoo walitti muufannees waliif dhiisna xiqqoo turree waliin taphachuu eegalla. Gabaa haaraan erga dhaabbattee wal dhabdee tokko malee mana tokko keessatti waliin oodaa baane, yeroo dhabnee yoo tasa gabaatti wal agarre wal dubbisna.

Hunduu kophaa haasa'ata malee kan waliitti haasa'uu hin jiru. “Dur abbaan manaa fi haati manaa akka daa'imaa wal ari'anii taphatu jaalala isaanii ollaatu itti inaaffa amma garuu ‘globalization’ gidduu seenee jaalala maatiitti inaaffee addaan fageesse” naan jedhe manguddoon tokko. Akkamiitti ‘globalization’ jaalala maatii gidduu seena jenna malee mana keenya hunda akkasuma natti fakkaata. Ani kan na dhibe ‘globalization’ kun addunyaa mandara takka godha moo inaaffaadhaan addunyaa addaan diigee, gabaa unkuraa oola jedheen raajame!

Kun haa hafuu hiriyaan kiyyaa kan waggaa lamaan darbe fuudhe sun jaalallee isaatiin siree irratti erga wal haammannee rafnee ji'a lama darbeera jedhee natti hime, wal argaan qilleensarraan qofa ta’e. Erga haadha manaa ofiitiin siree irratti wal haammatanii hin rafnee bagan leexaa ta’e jedheen, uffata qorraa gannaaf ta’u kan duraan mana jiru irratti dabalee bitadhee gale, erga walitti siquun hafee jechuu kooti. Hiriyaan koo jaalallee isaatiin gabaa kanatti wal baran. Akkuma isheen biyya alaatii galteen gaa’ila dhaabbatanii wal fuudhan. Garuu maal godharee akkuma bara isheen baar gama jirtuu siree tokko irra ciisu malee gabuma dur itti wal baran saniitti wal argu.

Gabaan kun ummanni ganda keenyaa akka waliitti dhufee boo’icharratti wal hin

jajjabeessine addaan hambisa jedhee wantiin yaadda'e hin oolle. Misensonni afooshaa ganda keenyaa gabaa kanatti daldaalatu. Namni yoo du'e ollaa bira deemtee jajjabaadhu jechuun imimmaan firaa walii buusuun hafeera. "Akkamiitti hafe?" naan jettugaa silaa gaaffii hin dhabdanii. Nama maatiin jalaa du'e sun otoo hin awwaaliin mitii otoo boo'ee hirmii hin baafatiin dura "wayyoo wayyoo sin dhabekaa" jedhee gabaa kana irratti fuula isaa gurraacheeffata. Hiriyoonni isaa namoonni isa beekan hundi miseensonni afooshaa ganda sanaa, faaggaa afuuftuun otoo hin hafiin 'RIP' jedhuun. Gabaa saniitti erga daldaalatee xiqqoo turee boo'ee awwaallatee gabuma isaatti deebi'a bu'aa isaa lakkaa'uf jechuudha. Barreessaan afooshaatu gabaa san deemee nama 'RIP' hin jedhiin haftee godhaa laata jedheen shakke.

Kunoo jireenyi ganda keenyaa erga qilleensarraan taatee barri bubbuleera. Amma dura namni karaatti yoo walitti dhufe waldhungatee nagaa firaa wal gaafatee wal bira darba mitii? Amma hafeera gabaa sanirraan waan wal argeef wal ilaalee wal bira darbuu qabe. Wal yaaduu wanti jedhamtu tokkommoo matumti ishii 'RIP' taate natti fakkaate. Hiriyoonni akka dur wal yaannee beellamnee wal affeeruun waan garaa keenyaa waliitti haasoofnee taphachuu erga dhiisnee barri qaata. Guyyaa tokko otuman aaruu hiriyaa kutaa gadiitti mana barnootaa tokko baranneen wal arginee, seenaa jijjiiruuf kaaffeetti wal beellamne. Innis waan garaa isaa ajajatee aniis buna koo ajajadheen bilbila keenya gadi baafannee suuraa tokko kaane, "guyyaa gaarii ture" jennee nu lachuu maxxanfanne garuu homtuu hin turre. Qaamaan wal bira turre malee akka nama reef wal argee haammannee wal hin dubbisne.

Hiriyaan koo guyyaa sana seenaa haaraa galmeessise, akkamitti seetan hiriyaa keenya tokkotu jira maqaa isaa Bortolaa jennaan. Bortolaa abbaa jalaa du'e, suuraa isaa fi abbaa isaa wal cinaatti maxxansee barreeffama dheeraa tokko waliin, waa'ee du'a abbaa isaa odeessa natti fakkaate barreeffamni sun. Hiriyaan koo na bira jiru kun immoo "wow isiniirraa bareedeera" jedheen mucaa abbaan jalaa du'een! Bunni ajajannee nuuf dhufe otoo 'comment' fi 'like' lakkoofnuu qorree bishaanuma cabbii kana dhugnee aaridhaan kaanee addaan deemne. Dhaloonni kun otuma 'like' lakkaawuu dhumee qixxaa'a. Guyyicha wanti ture kana fakkaata, maal saatu gaarii jechisiise jettu mitii suuraan nuu bahuutu guyyicha adda godha.

Waa'ee suuraa jennaan bara kana suuraan sakandii takkaaf siif baanan akka seenaan kee jijjiiramuudhaaf karaa qabate beektaa? Dura taa'aan ganda keenya sababa suuraan guyyaa tokko miidhagee gabaatti argineef qofa hoogganaa goonee of gubbaatti baasnee kunoo amma karaa deemuu nu dhoowwaa jira. Ollaan nagaa waliitti hin qabnu, nu nagaa walii hin qabnu suuraa sakandii tokkootu jireenya ganda keenyaa jeeqaa jira. Faallaa kanaa warri suuraan bahuufii didee diinqatti ugguraman manni haa lakkaa'u. Beekan meeqa waan hin beekamne qofaaf yemmuu manatti ugguramee taa'uu beekamaan beekumsa malee ummata dura bu'ee qileetti biyya naqe. Baay'inni keenya ija kaameeraa fuulduratti malee hin jirru kanaafi kan sammuun dhalootaa kontrobaandiidhaan saamamee manca'aa jiruuf. Beektonni keellaa dhaabanii sakatta'uuf yoo yaalan keellaa beektotaarraa gorree darbina.

Nama kaameeraa fuulduratti miidhage hayyuu fi beekaa itti moggaasna. Beekaa ala isaa ilaalanii tilmaamuun nama dhibus suuraan baananiif haalluun beekaa isuma fakkaata, kan inni dubbate hundi dhugaa fi qajeelaa, waan inni hojjatu raajeffachuu baay'ata; isa malee beekaan biraa waan dachee tana gubbaa jiru hin fakkaatu. Ajandaan dubbii waa'ee isaa qofa ta'a, isa malee haasawaan hin saaqamu. Jalqabni isaa kana yoo fakkaatu dhuma isaa tilmaamuun nama hin dhibu. Baabura isaa fudhatee qileetti yoo qajeeleyyuu harka rukutuu malee kan karaa irraa gorte jedhuun hin jiru ilaalcha dabaas qajeelaas yoo qabaate akka gaarummaatti fudhatamaaf suuraan sii baanan jechuu kooti.

Uumatti amanuun, galateeffachuun, abdii irra kaawwachuun dur hafe. Kan galateeffamaa, amanamaa, kadhatamaa jiru gooftaan tokko dhufeera! Kaameeraadha; kaameeraan suuraa kee tolchinaan jireenyi koo karaa qabate jedhii amanadhu. Jaarraa 21ffaa keessa daandiin milkaa'inatti nama geessu kaameeraa duratti miidhaganii mul'achuudha. Isa booda kan leellifamu kan weeddifamu, kan alaabaan bahee faarfamu si qofaadha. dur yoo waaqa kadhatan adaraa yaa waaqa na uumte galgala koo bareechi jedhama, jabana kana garuu "adaraa yaa waaqa na uumte kaameeraa fuulduratti suuraa koo bareechi" jedhamee kadhatamuu eegaleera yoon jedhe soba naan jettu.

Kaameeraa fuulduratti beekamtii argannaan kan daawwitii beekaa fi beekumsaa keessatti of ilaalu jiraa laata? Maal eessaa, Ija dunuunfannaan deeggartoota isaa dhaggeeffatee deemuu qofa. Qileettiis yoo qajeele faarfattoonni isaa harka rukutuu hin dhiisan. Ilaalcha deeggaruun erga hafee barri bubbulee jira, kan deeggaramu nama ija kaameeraa fuulduratti suuraan miidhageef qofa ta'e. Eebaluun maal dubbatee, maal hojjatee osoo hin taane, eebaluudhaam ka'i harka rukunnaaf jechuu baay'ate. Gabaa kana keessatti kaameraatti amannee jireenya mataa keenyaa fi jireenya hawaasummaa jeeqaa jirra. Daldaltoonni gabaa kanaa garbummaa kaameeraa jalaa baanee hanga birmadummaa mataa keenyaa gonfannutti yoo hin qabsoofne dacheen qullaatti hafti. Qabsoo jennaan kan siyaasaa hin se'iin; qabsoon mataa ofii irraa ka'a kan of ta'etu biyyaa ta'a dursa of ta'anii jiraachuudha.

Of ta'uu jennaan Bortolaan yaadadhe. Bortolaan akkuma amala isaa giiphiin duwwaa taanaan qarshii narraa liqeeffate, nan liqeesseef malee maal ittiin goota hin jenneen abbaa waatu dhibe jedheetuman qarshii inni barbaade itti laadhee gaggeesse hiriyaa isaa dubaraa beellame ta'uu hin oolu. Qarshii narraa liqeeffateen jaalallee isaa baargarii fi piizzaa affeeree suura wajjiin ka'uuf humnaa ol hiixataa jedhanii odeessu silaa oduun nu hin hanqattu. Ugguum yaa gammachuu isaa yeroo fuulli isaa bareedee gabaatti bahu akka itti quufee bulu. Nyaata hin nyaannee bar, suuraa waliin ka'ee quufe! Sanuu qarshii liqaatiin. Ji'a tokkoo ol na baqate, aniis qarshii koo deeffachuuf yaaliin hin goone hin jiru. Dachee tana kaameeraatu booji'ee jeeqaa jira sanuu 'photoshop' dha, amma amma mana fincaanii qofa kaameeraan hin jirre gara fuulduraatti jijjiiramni akka sanaa muul'achuu danda'a jennee abdiidhaan eegaa jirra.

Bara kaameeraan waaqeffamutti anis harka bal'isee jilbiibbidhaan deemuu hin dhiisne. Garuu inni maal dadhaba ana kan koompaasiin jireenyaa harkaa baddee, gara

qajeelu wallaalee oliif gadi raata'u kana guyyaa tokko ija kaameeraa fuulduratti bareedee seenaan koo jijjiirama ta'a. Moo anuma kanatuu madaalaan irra taa'uu qaburra taa'ee jijjiirama laata? Gaafa sanammoo kaameraa waaqessuun hafee namni jireenya mataa isaa jiraachuu eegala.

Hiriyaan koo dur nagaa qaba, manatti na waamanii, na taphachiisu, nyaadhuu dhugi jedhanii quubsanii na gaggeessu. Booddee kana amala jijjiirratan, karaatti yoo waliitti dhufne, mana yoon dhaqe tolee nagaan jedhikaa gabaatti wal agarra jedhanii hurufumaan na gaggeessuu qaban. Aniis kanaafan itti muufadhee isaan baqachuu jalqabe. Waa'ee hiriyaa kootii yommuun haadha manaa isaa gaafadhe qilleensa irratti malee wal hin agarru naan jette. Yoon mana isaanii dhaqee waan nyaatamu na fuuldura kaa'aanii otoon hin nyaatin dura 'guyyaa gaarii ture' jedhanii gabaatti na baasu. Sababa kanaan mana isaanii lagadhe, manni sun toobbata natti ta'e. Ana kan na dhibe 'globalization' kun addunyaa tana walitti fidee mandara takka gochuuf moo maatii wal irraa fageessee, addaan kutuuf dhufe jedhee hiriyaa koo muummee barnoota 'information technology' barate tokko gaafannaan inni akka ati itti fudhatte naan jedhee narraa use.

Jaalalleen hiriyaa kootii garaa na nyaatte boochee natti himatte gabaa keessatti. "Kophummaan na mankaraarse" naan jette Maali abbaan manaa kee manatti hin galuu? Ni gala, galuus wal hin agarru. Maaliif mana tokko hin galtanii? Lakkii, Mana tokko galla. kutaa addaan baafattanii? Lakki, Ahaa! Naa gale siree addaan baafattan mitii afachu, maaf akkas gootan garuu? Lakkii sin jedha akka aaruu taatee, wal hin agarru kan jedheef inni yeroo hojiidhaa galu bilbila isaa harkatti qabatee korojoo isaa rarraafatee dhufa akkuma mana gahee korojoo lafa kaawwateen uffata isaa jijjiirratee bilbila isaa gadi fudhata. Anis nyaata isaa dhiyeesseefiin 'TV' banadha. Sa'aatii lamaa hanga shanii qaanaa ilaalaan tura, yoon isa fixee hirbaata nyaadhee gara hirriibaa darbu inni ni rafa keenyaa manaatti garagallaan otoo cinaacha isaa hin naanneffatiin bariiti, ganama halkaniin ka'ee gara hojii deema. Baatii kana keessa guyyaa tokko akka dhirsaaf niitii waliitti garagallee rafnee hin beeknu.

Bagan hin fuudhiin jedheen gammachuun lafa dhiitaa jira ani leexaan kun. Jaalalleen hiriyaa kooti jireenyi akkanaa kun ishee nuffisiisee, nama ittiin mari'attu dhabdee kophummaan ishee mankaraarsa. Gabaa irratti malee nama qaamaan argitee wajjiin mari'attu dhabde. Jaalala gabaatti jalqabde gabaatti xumuruuf dhaamsa dhumaa gabaatti dhaammatte. Amma sun haa ta'uu jalalleen hiriyaa kootii kun akkamitti akka addunyaa kanarraa dabarte dhageessanii? Nama gaddisiisa RIP! Garuu RIP jenna malee hiikaan isaa maal jechuudhaa? 'rest in peace'(nagaan boqodhu) jechuudha mitii, dhuguma namni dachee kanarra nagaan hin boqotiin erga du'ee nagaan boqota jettaniitii? Maaf 'muudii' waliitti qabannaa garuu?

Du'a ishii yoon yaadadhe anuu gabaa kana lagadhu lagadhu na godha. Manni murtii itti himatan hin jiruuf malee hidhaa umurii guutuu malaaf ture, lubbuu intala akkas bareedduu balleesseem. Hiriyaa kiyyatuu balleesse yoon jedhe madaa isaa itti kaasuu ta'a, gaafa isheen alaa galtu bar Booleetti ilillii jaalalaa qabatee ishee simatee, jaalalli inni ishii jaalatu adda.

Erga gaa'eela dhaabbatanii wajjiin jiraachaa turanii “jaalala maatii kanaa seexana inaaffe tokko jira” jedheen shakke, ‘seexanni’ isa dur jedhan sanii mitii bar, inni nagaan namoota waliin wal danda'ee jiraachaa ture. Inni yaadaan malee ‘seexanaa’ mitiim silaayyuu sammuu namaa keessatti suuraan uumameeti. Kan ammaa tokko jira seexanni qabatamaan cuquliisni ‘Facebook’ irra jira. kan barreeffama dheeraa dubbisuu nama jibbisiisu tokko, kan ajandaa walfakkaatu namoota qabsiisee dubbii wal keessa marqu, kan akka bubbee birraa bubbisu. Isatuu lubbuu jaalallee hiriyaa kootii galaafate.

Mark Zuckerbarg ‘Facebook’ kan kalaqeef jaalallee isaatiin wal qunnamuuf ture mitii? Asiitti akkas hin taane jaalalleewwan sababa isaatiin addaan diigamanii lubbuu haadha manaa galaafate. Erga gaafa abbaan manaa waa'ee gaa'ela isaa irratti ibsa laatee as kan laboobni mana kanatti qabate. Akkas ture “jaalallee tiyyaan mana kana keessatti waliigalaa hin jirru wal hiikuuf jirra” jedhee barreeffama dheeraa tokko maxxanse. Suuraa isaafi suuraa ishee ta'uu agarraan ‘like’, ‘share’ gootee dabarte malee wal hiikna jechuu hin agarre hin dhageenye. Erga gabaa kana ooluun hin hafnee maaliif garuu barreeffama dheeraa dheessinaa kan jedhu anaafuu gaaffidha.

Barreeffama hin dubbisne suuraa qofa agarte, gochaan haadha manaa isaa baay’ee isa aarsee waan qabatu dhabe, akka carraammoo elektirikiin biyya keenyaa torbaniin waan dhuftuuf guyyaa sana elektirikii qabachuuf hin carroomne. Kanaaf nu fayyade elektirikiin biyya keenyaa baduun, gurbaan mana san keessaa gara itti deemee aarii qabbaneeffatu dhabee gubatee ciincofnaan gabaatti ol bahee yoo ilaalu haati manaa isaa Suuraa ishii bishaan fincaa'aa tabbarraa qileetti gadi yaa'u biratti kaatee fi suuraa abbaa manaa ishee isa bareedaa keessaa filtee barreeffama dheeraa tokkoo wajjiin maxxansite. Anuu argeen ture barreeffama dheeraa ture waan inni jedhu hin dubbisneef malee. Garuu maal qabaa yoo dubbisne? kitaaba dubbisuun silaa bakka saree itti kolaasan ta’ee argaa isaa baqanna! Dhaamsi akkas jedha abbaa warraakoo baay'een si jaaladha ati garuu na hin jaalattu kanaaf lammata sitti hin deebi'u jettee maxxansite akkuma suuraa argeen otoo barreeffama hin dubbisiin ‘like’ godhee bareeda jedhee darbe.

Kan duraa caalaa kanatu ishee gube maaf hin gubanne jettu? kan kanaaf hin gubanne isheen bishaanimoo? bishaanuu yoo danfe ni gubataa bar, otoo gubachuu dhiistee nama ajaa’iba. Waan gabaatti baaste gochuurraa duubatti hin jenne akkuma deemteen qilee guddaa saniitti of gattee achumatti lubbuun dabarte. Kunoo amma ‘RIP’ jennee gabaa hoo’isaa jirra. Jaalalleewwanis gabaa itti wal baraniitti addaan bahan. Nuus har’a kunoo du’a ishee gabaatti dhiyeessine bu’aa isaa ‘like’ fi ‘share’ lakkoofnee gammachuu bu’aa keenyaa dhandhamaa jirra gabaa unkuramaa san keessatti. “Gabaa facebook”! gabaa akka itti daldalaniitti buufatu. Kan itti beeke bu’aa argatee gala kan wallaale immoo gadi daldala kisaaraan isaa maallaqaa fi yeroodha. Hiriyoonni koo jaalala gabaa salphinaatti wayyaa ofirraa soqoluun jalqaban, salphinaan xumuranii onneen jaalalaa madooftee, godoon ontee baaxii duwwaan dhaabbatti.

Hamma dhumaatti waan dubbiftaniif Guddaa Galatoomaa!

Jildii 5ffaan Itti fufa……..